# Namni Laa Ilaaha Illallaah jedhee, waan Rabbii gaditti gabbaramutti kafare qabeenyi isaatii fi dhiigni isaa haraama ta'a, herregni isaa immoo Rabbiin irra

Xaariq ibnu Ashyam Al-Ashja'ii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: «Namni Laa Ilaaha Illallaah jedhee, waan Rabbii gaditti gabbaramutti kafare qabeenyi isaatii fi dhiigni isaa haraama ta'a, herregni isaa immoo Rabbiin irra».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni arraba isaatiin "Laa Ilaaha Illallaah" jedhe, jechuunis: haqaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru jechuudha, namni akkas jedhee, waan Rabbii gaditti gabbaramutti kafaree, amantii islaamaa malee amantaa hunda irraa qulqullaa'e, muslimoota irratti qabeenyi isaa fi dhiigni isaa dhugumatti haraama ta'eera, hojii isaa mul'ataa malee kan keessaa dirqama keenyaa miti, qabeenyi isaa hin saamamu dhiigni isaas hin dhangalaafamu, yakka yoo hojjate malee yookaan badii murtoo islaamaatiin sana dirqamsiisu yoo hojjate malee. guyyaa qiyaamaatti herrega isaa Rabbiitu herrega, waan jedhu keessatti dhugaa dubbataa yoo ta'e isa mindeessa, munaafiqa yoo ta'e immoo isa adaba.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee